# QAJEELFAMA GABAABAA DUBBISA MACAAFA QULQULLUU



# QAJEELFAMA GABAABAA DUBBISA MACAAFA QULQULLUU

Dhaabbata MERF ‘n kan Maxxanfame
Bara 2017, Finfinnee

Kitaaba kana yoo barbaaddan karaa email
zemendale@gmail.com barressitanii gafaachuu
ni dandeessu.

# SEENSA MACAAFA QULQULLUU

Badhaadhummaa Dubbii Waaqayyoo keessa jiru hubachuuf kan gargaaru

*"Sagalee Waaqayyoo kan nuti barannu beekumsa keenya guddifachuuf osoo hin taane jirenya keenya jijjiruuf"*

# Yeroo Waaqayyoo waliin guyyaa guyyaan qabaachuu:

Waaqayyo sagalee kee ykn gocha kee qofaa osoo hin ta'in akka abbaa jalajala qabeessaatti walitti dhufeenya ati isa waliin qabdu fedha.Inni yeroo hunda siarguu fedha, nutis ati guyyaa guyyaatti yeroo muuraasa isa waliin akka dabarsitu si jajjabeessina.Kun ammo gorsa addeemsa kee kana keessatti sigargaaruusha.

1. Kadhata gabaabaa eegalii.
2. Macaafa Qulqulluu keessa iddoowwan muraasa dubbisi, Boqonnaa tokko dubbisuun gaariidha. Suuta jedhii dubbifadhu, yeroo fudhadhu.Yoo kanaan dura Macaafa Qualqulluu dubbifattee hin beekne, Wangeela Luuqaas irraa eegaluun gaariidha. (Luuqaas, Hojii Ergamootaa, 1Qorontoos, Seera Uumamaa, Seera Ba'uu… jechaa dubbifachuu ni dandeessa.)
3. Waa'ee kutaa dubbifattee gaaffilee armaan gadii of gaafadhu:
    a. Kutaan dubbifadhe kana keessaa dubbiin ijoon maalii?Kutaa dubbifatte kana jechoota tokko ykn lamaan cuunfiiti yaadi.
    b. Kutichi waa'ee Waaqayyoo anaan maal na barsiisaa?
    c. Kutaa kana keessaa kan Waaqayyo akkan irraa baradhu kan inni na barsiisu wanti

adda ta'ee ni jiraa?

d. Kun akkamiin jireenya koo guyyooti itti ananii dhufanu kana keessa dhibbaa uumuu danda'aa?Waanti ani Waaqayyoof abboomamuuf murteessu maaltu jiraa?

e. Ergaa as irraa baradhee namani ani hiruuf ni jiraa?

4. Yeroo kee dubbii kadhannaatiin Waaqayyoo waliin xumuri:
   a. Waaqayyoon Galateeffadhu: Waan Macaafa Qulqulluu irraa baratte sanaaf Waaqayyoon galatteeffadhu.
   b. Akka inni dhiifama siif godhu isa gaafadhu. Waanta dhiifama itti gaafattu dhimma addaa ni qabdaa? Inni haaraara siif gidhuuf amanamaadha!
   c. Waanta si barbaachisuuf isa gaafadhu.
   d. Warreen kaaniifis kadhu.

# Dubbii Waaqayyoo

Gorsii keenya yeroo hundumaa dubbii Waaqayyoo akka dubbifattanuudha.Waaqayyo karaa dubbii isaa akka inni garaa keessan tuqu ni amanna! Inni dhugaa haafuuraa fi jireenya isaatiin akka inni isin ni guuta. Dubbiin Waaqayyoo:

Jiraataa fi humna hojjetu of keessaa ni qaba: Ibroota 4:12-13

Gaggeessaa haafuura Waaqayyootiin barreeffame ,barsiisuuf,balleessaa irraa deebisuuf,qajeelchuuf qajeelummaatti leenjisuudhaaf dhimma ni baasa. 2Xim 3:14-16

Gammachuu garaadhaaf kan keennuudha: Far 19:8-12, Far 119

Bilisa baasaadha: Yoh 8:31

Dhugaadha: Yoh 17:17-19

Haafuraan kan mul'ateedha:1Qor 2:9-14

Yesuusiif dhugaa baha:Yoh 5:39-47

Warren ijaan arganiin barreeffame: Luuq 1:1-4,1Yoh 1:1-4

Seenaa sammuu irraa madden kan qinda'e miti:2Pheex 1:16-21

Waan dubbiichi sii ajaje raawwadhu:Yaaqoob 1:22-25

# Ibsa gabaabaa Kakuu Moofaa

Kakuun Moofaan kitaaboolee adda addaa 39 of keessatti qaba. Hundinuu kan nu barsiisanu waa'ee baroota Yesuus dhalachuu isaa dura waantota turaniidha. Kanneen kana keessatti raajootaa fi namoota Waaqayyoo kan akka Addaam,Abrahaam, Yisihaq,Yaaqoob, Musee,Daawitii fi Warreen Kaan.

Kitaabooleen 17 (Uumamaa- Asteerittii ) kan jiranu kitaaboolee seenaa jedhamanii beekamu, Sabni Waaqayyoo yeroo sana keessa akkamiin akka jiraatanii fi Waaqayyo jaraa wajjin akkamitti akka hojjete kan agarasiisanuudha.

**Dhimmota armaan gadii dubbifanna:**

- Uumamaa fi kufaatiiilmanamaa:Uum 1-4
- Nohi:Uum 6-9
- Abrahaam: Uum 12-25
- Yisaqii fi Ismaa'eel:Uum 21-27
- Yaaqoob: Uum 25-36
- Yooseef: Uum 37-50
- Musee: Ba'uu 1-
- Daawit: 1Saam 16- (Kutaan Macaafa Farfannaa hedduun isaa Daawitiin caafame)

Kitaaboolee walaloo ja'a ta'anu kakuu Moofaa keessaa argina (Iyoob,Faarfannaa, Fakkeenya, Lallaba,Wedduu Weedduu Caalu fi Faaruu Ermiyaas). Barreeffamoota kana keessatti namootin barreessan waa'ee lola jireenya

jaraa keessa jiruuf haala jaraa nuuf barreessuu keessatti amanamoo turan.Waaqayyoon homaa dhooksuu akka hin qabne nu barsiisan.

Gareen inni sadaffaan kutaa kakuu Moofaa keessa jiru kitaaboolee rajjotaati. Namoon kunneen yeroo rakkisaa keessatti ergaa Waaqayyoon bira gara saba Waaqayyootti kan fidaniidha.Gareen isaanii sabnichi isaan dhaga'uu waan hin feeneef haryatamma guddaa keessa turan. Raajoolii angafoota ta'an afurtu turan,(Isaayaas,Ermiyaas, Hisqi'eel fi Daani'eel) fi Raajoota xixiqqaa 12 tu turan.

# Ibsa gabaabaa Kakuu Haaraa

Kauun Haaraan kitaaboolee 27 of keessatti qaba. Hundinuu kan nu barsiisanu waa'ee jireenya Yesuus fi erga inni gara abbaatti olbaheen booda waantota jiraniidha.

Kitaabooleen afuran dura jiranu Wangeeloota jedhamu:(Wangeela Maatewos, Maarqos, Luuqaas fi Yohannis) hundinuu waa'ee seenaa yesuus masiihichaa nu barsiisu; dhalachuu, tajaajila, barumsa, dinqiiwwan, duukabutoota qabaachuusaa, gidirfamuusaa, fanniifamuuisaa, fi du'aa ka'ee gara abbaa dhaquu isaa nutti himu. Kun ijoo dubbii Macaafa Quluqulluu ti, jireenya Yesuusiin wayita ilaallu Waaqayyoon beekuu dandeenya.

- Dhalachuu Yesuus :Luuqaas 2.
- Yesuus fi duuka buutootaisaa:Luuqaas 5
- Barumsa Yesuus:Luuqaas 6:17-49
- Dinqiiwwan Yesuus hojjete:Luuqaas 8:40-56
- Du'a Yesuus:Luuqaas 22:47-23
- Du'aa ka'uu Yesuus:Luuqaas 24

Hojiin Ergamootaa, kitaaboolee Wangeeloota afuraniitti aanee kan dhufuudha. Kitaabni kun waa'ee duuka buutoota Yesuus erga inni gara abbaatti deemeen booda yeroo jiru kan dubbatuudha. Hojiin ergamootaa seenaa waldaa ishee jalqabaa kan dubbatuudha. Waggootii

50 akkamitti Haafuurri Waaqayyoo dukka buutota kaa jarrii ergaama Yesuus itti laate akka jarri itti fufan fi haryatama, fi milka'ina jarri dabarsan hundaa kan barsiisuudha.

Kitaabooleen 21 Hojii Ergamootaatti aananii jiranu Ergaawwan bifa Xalaatiin ergamaniidha. Kuni gaggeessitoota gargaraatiin waldaalee adunyaa keessa bakka garagaraa jiraniif kan barreeffameedha. "Ergaan Phaawuloos" jedhamee kan beekamu seenaa kiristaanummaa keessatti hojii wangeelaatiin baay'ee mika'aa kan ta'eefi dubbii Waaqayyoo barachuun kan beekame waa'ee Phaawuloos kan dubbatuudha.

Kitaabooleen turban ergaa Phaawuloositti aananii dhufan kunneen, waldaan gareef kan barreeffamanidha, akka ergaa kanan duraa Waldaa dhunfaaf kan barreeffaman miti. Barreessaan kitaaboota kanneennii, Yaaqoob,Obbolleessa Yesuus fi gaggeessa waldaa Yeruusaalem kan tureedha. Ergamaa Peexiroos, Hojjetaa Wangeelaa Yohannis, fi Yihuudaa- obboleessa Yaaqoob, isa obbolleessa Yesuus jedhamee beekamuti.

Kitaabni inni xumuraa kakuu Haaraa, Macaafa Mul'ataa jedhamee beekama. Kitaabni kun Kakuu Haaraa keessatti kitaaba haala raajummaa qabuun kan barreeffameedha. Innis bara bittaa Warra Roomaa haryatama guddaa keessa ta'ee Mul'ata Yohannis Ergamitich arge kan ibsuudha.

# Boqonnaawwaan Bebbeekamoo Macaafa Qulqulluu:

Abboommii kurnan:Ba'uu 20:1-7
Eebba Gooftaa:Ba'uu 6:24-26
Waaqayyo Tiksee kooti:Far 23
Qalbii diddirrannaa:Far 51
Raajii gidiraa Yesuus:Isa 53
Lallaba gaara gubbaa:Maat 5-7
Waa'ee warra Gammadanii:Maat 5:1-12
Kadhata Abbaa Keenyaa:Maat 6:9-13
Seeroota seera Caalanu:Maat 7:12
Abboommiiwwan isa guddaa:Mat 22:35-40
Ergama isa guddaa:Mat 28:18-20
Dhalachuu Yesuus:Luuq 2:1-20
Fakkenya Namicha Samaariyaa:Luuq 10:25-37
Keennaa Haafuraa:1Qor 12-14
Daandii Jaalalaa:1Qor 13
Du'aa ka'uu Yesuus:1Qor 15
Firii Haafuuraa: Gal 5:22-23
Mi'a lolaa kan Waaqayyoo:Efe 6:10-18
Gootota Amantaa: Ibroota 11
Samii fi lafa haaraa:Mul'ata 21:1-8

# Fakkeenyoota Yesuusittin barsiise

Yeroo hedduu Yesuus barsiisa isaa keessatti fakkenyootatti fayydamuun ergaa isa dabarsa ture. Hanga har'atti yoo isaan dubbifanne ergaa guddaa irraa barachuu ni dandeenya.

**Maatewos:**

Ashaboo fi ifa:5:13-16
Mana dhagaa gubbaa: 7:24-27
Namicha Sanyii facaasu 13:1-9,18-23
Fakkeenya Inkirdaadaa:13:24-30,36-32
Fakkeenya Ija Mukaa hundumaa irra Xinnaattuu 13:31-32
Raacitii,13:33-35
Qabeenya Dhokfamee fi callee gati-jabeessaa; 13:44-46
Kiyyoo Qurxummii, 13:47-50
Fakkeenya Abbaa Gatii Oo'a hin qabnee 18:23-35
Fakkeenya Warra Iddoo waynii keessa Hojjetanii 20:1-6
Fakkeenya Ilmaan lamaa 21:28-32
Fakkeenya warra Muka waynii Akka Eeganiif itti kennamee 21:33-46
Fakkeenya Cidhichaa 22:1-14
Fakkeenya durboota Kurnanii 25:1-13
Fakkeenya warra Horiin isaanitti Kennamee 25:31-46

**Luuqaas**

Fakkeenya namicha Samaariyaa 10:25-37
Fakkeenya Sooressicha Gowwaa 12:16-21
Fakkeenya cidha isa guddichaa 14:15-24
Fakkeenya Hoolaa badee argamee 15:1-7
Fakkeenya Meetii badee argamee 15:8-10
Fakkeenya Ilma badee argamee 15:11-32
Fakkeenya Miliqee Hojii Adeemsiftuu 16:1-13
Sooressa Tokkoo fi Alaazaar 16:19-31
Fakkeenya Haadha Hiyyeessaa tokkoo fi Abbaa Firdii jal'aa 18:1-8
Fakkeenya Fariisichaa fi Namich Qaraxa fuudhuu 18:9-14

**Yohannis,**

Tiksee Gaarii: 10:1-16
Muka waynii isa dhugaa 15:1-6

# Amala Waaqayyoo

Amaloonni Waaqayyoo adda addaa ni jiru. Xuqaalee Macaafa Qulqulluu armaan gadii wayita kadhata, galataa fi ulfina isaaf laattanu itti dhimma bahuu ni dandeessu. "Yaa Gooftaa waan uumaa koo taateef singalateeffadha, amanamummaa fi jaalala keetiif. Ati abbaa kooti…"

**Waaqayyoo:**

Waaqa Tokko: 1Xim 2:5, Yoh 17,Rom 3:30

Waaqa Tokkicha: Isa 42:10-13, 44:6-8, 1 Qor 8:4-6, Yihuudaa 25

Uumaadha: Far. 33, Qol. 1:15-17

Amanamaadha: 5 Mos 7:9, 32:4, 2 Tese 3:3, 2 Xim 2:11-13

Jaalala: Far 103, Rom 5:8, 1 Yoh 4:7-21

Abbaa Keenya: Jes 63:16, Maat 6:8f, Maat 7:11, Rom 8:15-17

Qulqulluudha: Far 99, Jes 6:1-5, 1 Peex 1:15, Mul'ata 15:3

Kan barabaraati: Nahi 9:5, Ps 90 1-4, 93:2, 1 Xim 1:17, 2 Peex 3:8

Qajeeloodha: Far 11:7, 33:4, Yoh 17:25, 2 Xim 4:8, Mula'ata 15:3

Hundumaa kan danda'uudha: 1 Mot 29:10-13, Erm 32:17, Maat 28:18, Mul'ata 1:8

Kan birahin gahamneedha: Far 139:1-18, Isaa 55:8-11, Rom 11:33-36

Karaa Yesuusiin mul'ateera: Yoh 14:8-11, Qol 1:15-20, Ibr 1:1-3, Isa 9:2-6
Kan nama kununsuudha: Far 23, 40:18, Maat 6:25-34, 10:28-31, 1 Peex 5:7
Abbaa Firdiiti: Isa 33:22, Maat 25:31-46, H.E 17:31, Yaaq 4:12
Michuu Cubbamootaati: Luuqaas 15:10, 15:21-24, 19:10, Maat 9:9-13, 1 Xim 1:15
Sadan Tokkicha: Maat 3:16f, 28:19, Yoh 10:30, Rom 8:9, 1 Qor 12:4- 6, 2 Qor 13:13, 1 Peex 1:2, Uum 1:26
Hin Jijjiramu: Ibr 1:10-12
Jajjabeessaa: 2 qoor 1:3-5
Ayyaanaan kan guutameedha: Ef 2:4-10
Kan hin duune: 1 Xim 6:15f
Dadhabootatti kan dhiyaatuudha: Isa 57:15
Seenaa Keenya: Dan 2:20-22
Dinqii kan hojjetuudha: Ps 86:10
Arjoomaadha: 1 John 1:9
Nagaadha: 2 Tesel 3:16
Hamaa kan jibbuudha: Isa 61:8
Ibidda nama nyaatuudha: Ibr 12:28f
Gaaffii Keenya kan dhaga'uudha: Far 13

# Yesuus Eenyuudha?

Karaa Yesuus eenyuummaa abbaa akka hubachuu dandeenyu barreeffameera.Kunneen ibsa waa'ee Yesuus ta'uu illee akkasumas waa'ee Waaqayyooti.
Tiksee Gaarii: Yoh 10:11
Hoolaa Waaqayyoo: Yoh 1:29
Karaa dhugaa fi jireenya: Yoh 14:6
Goorsaa Dinqsiisaa, Waaqa jabaa, abbaa barabaraa, angafa nagaa Isa 9:6
Sagalee: Yoh 1:1
Kattaa: 1 Qor. 10:4
Gooftaa Ulfinaa: 1 Qor. 2:8
Qulqulluu fi qajeelaa: H.Er 3:14
Bilisa Baasaa: Rom. 11:26
Jireenya Keenya: Qol 3:4
Oolachaa keenya: Iyo 19:25
Uumaa lubbuu: H.Er 3:15
Aalfaa fi Oomeegaa, jalqabaa fi dhuma: Mul 22:13
Jireenya: Yoh 14:6
Ifa biyya lafaa: Yoh 8:12
Buddeena jireenyaa: Yoha 6:35
Leenca Gosa Yihuudaa: Mul. 5:5
Isa Jiraataa: Mul. 1:18
Waaqaaf nama giduu kan dhaabatu: 1 Xim. 2:5
Waaqa dhugaa: 1 Yoh 5:20
Mootii Israa'eel: Yoh 1:49
Gooftaa fi Fayyisaa: 2 Peex. 2:20
Dhagaa golee: Efe. 2:20
Sagalee Jiraataa: 1 Yoh 1:1
Jalqabaa fi fiixaan baasaa amantii keenyaa: Ibr. 12:2

# Raajiiwwan Waa'ee Yesuus Kakuu Moofaa keessatti dubbataman.

Waggoota kumatti lakkawwamanu hedduu dura waa'een Yesuus akka inni dhalatu, dubbatamee ture. Waaqayyo akka inni dhufu kakuu galee ture. Kuunneen jajjoota muraasa Kakuu Moofaa keessatti dhufaatii isaa ilaalchisanii kan dubbatamaniidha.

| | | |
|---|---|---|
| Beeta liheemitti dhalachuusaa | Mik 5:1 | Maat 2:1-6, Luuq 2:4 |
| Aangoo qabeessaa fi Barabar aan kan jiraati | Isa 9:6-7 | Luuq 1:31-33 |
| Durbarraa dhalachuusaa | Isa 7:14 Maat 1:18-23 | |
| Gosa Yihudaa | Uuma 49:10 | Mul 5:5 |
| Daa'imman ajjeefamuu | Er m 31:15 | Maat 2:16-18 |
| Biyya misiriitti baqachuu | Hos 11:1 | Maat 2:15 |
| Mana Qulqullumaa | Far 69:10 | Yoh 2:13-17 |
| Yeruusaaleemiin seenuusaa | Zak 9:9 | Maat 21:1-11 |
| Qarshii 30 | Zak 11:12-13 | Maat 26:15, 27:3-14 |
| Gidiraa keessatti Callisuusaa | Isa 53:7 | Maat 26:62, 27:12-14 |
| Diinotaaf kadhachuusaa | Isa 53:12 | Luuqaas 23:34 |
| Wayyaasaaf carraan baafamuusaa | Far 22:19 | Maat 27:35 |
| Awwaalaa warra Sorressaa keessatti awwaalamuusaa Isa | Isa 53:9 | Maat 27:57-60 |
| Bakka keenya dhiphachuuf du'uusaa | Isa 53:4-12 | Maat 8:17, Rom 4:24, 1Qor 15:3<br>2Qor 5:21, 1Peex 2:22-24, 3:18 |

# Fannoo Irratti Maaltu ta'ee?

Nuti hundumti keenya cubbamoota. Namni tokko illee gara janataatti kan seenu hin jiru. Sababa cubbuu keenyaa gara Waaqayyootti kan siqu hin jiru. Yakkamaa wanta taaneef adabamuutu nuuf ta'a.

Yesuus inni qulqulluunii fi inni qophaa isaa qajeelaa ta'e, bakka keenya bu'ee hanga du'aatti nuuf jedhee adabame.Sababa cubbuu fi yakka keenyaa du'e.Garuu du'ee achumatti hin hafne, inni aangoo fi humna du'aa cabsee du'aa fi diina mo'ee ka'e.Moo'ichi Yesuus moo'icha keenya waan ta'eef duutii fi hamaan kanaan booda nubituu hin danda'uu.Nuti kanaan booda garboota cubbuu miti, dhiiga isaatiin bilisa baaneerra.

- Namoonni hedduun waa'ee cubbuu isaaniitiif jecha aarsaa qalma hoorii Waaqayyoof dhiyeessuu. Sababa horii qalanii dhiyyessaniif Waaqayyo cubbuu isaaniitiif dhifama akka godhuutti yaadu.Yesuus Macaafa Qulqulluu keessatii hoolaa qalamee bakka cubbuu keenyaa bu'ee Waaqayyoon sirriitti gamachiisu akka ta'e ibsameera. 1Qor 5:7. Ef 5:2, Rom 3:24-25,Ibr 9:27-28, Mul 5:12.
- Walitti dhufeenyi ilmaan namootaa haaroomeera, akkasumas xalayaan waldhabdee ilmaan namootatiif Waaqayyoon gidduu jiru du'uu Yesuusiin waan balleeffameef nagaan bu'eera. Rom 5:10, 2Qor 5:18-20, Qol 1:21-22

- Yesuus fannoorratti du'uusaatiin Seexana mo'ee garbummaa cubbuu fi seexanaa jalaa nu baaseera. Qol 2:15, 1QOr 6:20 , Ef1:7, 1Peex 1:18, Mul 5:9, Maarqoos 10:45.
- Sababa yesuus iddoo keenya nuuf du'een kan ka'e nuti Qajeeluummaa arganneerra. Rom Rom 3:23-24, 5:1, 5:9, Gal2:16, 1 Qor 6:11, Isa 53:11, Ef. 1:7
- Sababa hojii fannooirraa kan ka'e Waaqayyo akka ijoollee isaatti nu simateera. Nuti Ijoollee Waaqayyoo taaneerra.Rom 8:15-17, Gal 4:4-7, Ef 1:5
- Waaqayyoon argachuuf karaa dheeraa demamaa turame, Waaqayyoon barbaachuuf kallattii kaminuu dhaquun nu hin barbaachisu,Kanaan boodda Waaqayyo mana qulqullummaa keessa iddoo kaminuu hin dhokatu, Sababa Yesuus balbalicha du'a isaatiin nuuf baneef jecha nuti Waaqayyooti dhiyaachuuf mirage arganneerra. Bakka kamiittuu yeroo kamittuu isa isatti dhiyaachuu ni dandeenya. Inni amma nukeessa ni jiraata.Matt. 27:51, Heb. 4:16, 1 Cor. 3:16. Matt. 28:20

# Yesuusiitti amanuu koo irraa kan ka’e, Ani…

Gaaleewwaan armaan gadii kun hundinuu dhugaadha, haala kamiin keessa iyyuu yoo jiraatte.Yoo dhugumaan Yesuusiin amantee isatti oflaatte, ati dhugumaan dhifama argataadha.Ati qajeelaa fi hadheessaa diinaa irra bilsa kan baheedha.Yesuusiitti amanuu kee irraa kan ka’e, ati:

- Haaraara argadheera: H.Er 10:43
- Qajeelaadha: Rom 3:26
- Ayyaanaan fayyeera: Efe. 2:8-9
- Uumama haaraadha: 2 Qor. 5:17
- Ifaa fi Sogidda: Maat. 5:13-
- Mana Qulqullummaa: 1 Qor. 3:16
- Isaafan Jiraadha: Rom. 14:8
- Hadheessuu Diinaa irraa bilisa : Rom. 8:1-
- Ijoollee Waaqayyoo Jaallatamoodha: Efe. 5:1
- Lammii Waaqaa ta’eera: Fil. 3:20
- Du’a irraa gara jireenyaatti ce’eera: Yoh 5:24
- Bilisa: Yoh 8:31, 32, 36
- Yeroo hundumaa isaanan eegama: Rom. 8:35-39
- Jiraataadha: 1 Yoh 5:12-
- Waaqayyo Waliin nagaan qaba: Rom. 5:1

# Yeroo…xuqaalee Macaafa Qulqulluu dubbifachuu qabnu:Wayita…

**Gammachuu Far.** 33-34, Far. 145, Far. 148
**Sodaa John** 14:1, Yoh 14:27, Far 56:4-, Far 118:5-9, Isa. 41:10, 13
**Sodaa Du'aa Rom.** 8:35-39, Rom. 14:8, Yoh. 11:25-, Yoh 14:1-, Far 23:4
**Kophummaa Ps. 2**5:14, Far. 27:7-10, 139, 142, Isa. 41:10, 49:14- 16, Deebii. 31:8, 2 Cor. 4:7-5:10
**Haaryatamuu Maat:** 5:10-12, H.Er. 5:41, Far. 140, Isa. 51:7f, 2 Xim. 3:12, 1 Peex. 4:12, Rom. 8:35, 2 Qor. 4:16-18
**Yeroo gidiraa Far.** 91, Far. 118:5-9, Far. 18:2-4, Far. 121:5-8, Rom. 8:35-39
**Gargaarsa barbaannu Far.** 32, 51,121,142, 13, 86:4-7, 130, 1 Yoh. 1:9, Isa. 1:18, Maat 11:28-30
**Dadhabinaa Isa.** 40:28-31, 1 Qor. 1:26-31, 2 Qor. 12:9-, Far. 138:3-8
**Dhukkubaa fi Dadhabinaa Far.** 6, 13, 42, 86, 2 Qor. 12:9- -
**Fayyuu kee wayita shakkitu Yoh** 5:24, Yoh. 6:47, 1 Yoh. 5:11-13, Rom. 10:9-10
**Shakkii Yoh** 20:24-29, Maat. 11:2-6, Maarq. 9:23-, 2 Qor. 4:18, 2 Qor. 5:7, Isa. 45:9-12 -
**Nagaa barbaaddu Lakk.** 6:25-, Er. 29:11-13, Far. 85:9, Fil. 4:6-, Weedduu. 3:21- 26, Yoh 14:27, Yoh 16:33 -
**Ogummaa barbaachuuf Yaaq** 1:5-, Fakk. 2:1-8,

Fakk. 9:10, Efe. 1:17-19 -
**Fedha/Jaalala Waaqayyoon baruuf Miki** 6:8, Far. 25:4-14, Fakk. 3:2-7, Er. 29:11-13 -
**Kennaa Waaqayyoon baruuf** 1 Qor. 2:12 (the Spirit), Isa. 41:10 (strength), Yoh 14:27 (peace), 1 Qor. 10-13 (no temptations beyond ability)

# Abdii ittiin jiraatamuu qabnu

Deebii. 31:8 * 2 Seena. 7:14 * Far. 9:10- * 16:11 * 34:19 * 55:23
* 103:11- * 121 * 145:18 * Isa. 41:10, 45:3, 49:15 * 57:15 * Er. 17:7- * 24:7 * 29:11-13 * Weedduu. 3:21-26 * Hiz. 34:15- * 36:26- * Sof. 3:17 * Maat. 7:7- * 10:28-31 * 11:28- * 18:19- 20 * Maarq 10:29- * Luuq 1:37 * Yoh 5:24 * 6:35, 40 * 8:12, 31- * 10:27-28 * 11:25-26 * 14:27 * Rom. 8:15-17 * 8:28, 35- 39 * 14:8 * 1 Qor. 10:13 * 2 Qor. 9:8 * Ibr.7:25 * 13:5 * Mul. 21:1-7

# Kadhannaa Macaafa Qulqulluu keessaa

Maat. 6:5-15, Deebii. 9:25-29, 2 Sam. 7:18.29, 1 Seenaa. 29:10-
19, Ezraa 9:5-15, Nahi. 1:5-11, Isa. 64:1-11, Er. 20:7-13, Dan 9:4-19, Yoonaas2:2-10, H.Er 4:24-30, 1 Tese. 3:10-13, Efe. 1:15-23, Efe. 3:14-21, Yoh 17, Far. 51 fi kutaa Macaafa Farfannaa warren kaan.

# Barbaachisummaa Wangeela Warreen kaaniif hiruu

Sababa Waaqayyo saba hundumaa jaala'atuu fi akka jarri fayyanu waan barbaaduuf: Yoh 3:16
Abboommii Waaqayyoo waan ta'eef: Maat. 28:18-20, H.Er 1:8
Karaan inni tokkichi gara Abbaatti nama geessu Yesuus qofaa ta'uu isaafi amantaan kam iyyuu kan nama hin fayyifne ta'uu isaa irraa kan ka'e: Yoh 14:5, H.Er 4:12
Kufaatiin namaa dhugaadha, kanaf dirqama fayyisaatu isa barbaachisa: Maat. 7:13, 2 Tese. 1:8-9
Ilmi namaa Waaqayyootti haraaramuu qaba: 2 Qor. 5:19-20, Qol. 1:21-22

# Waaqayyo Saba biyya lafaa hundumaa fi afanoota hundumaa ni jaalla'ata.

Yoh 3:16, Maat. 24:14, Maat. 28:18-, Maarq 16:15, Luuqa 24:46-, Rom. 10:12-15, H.Er 1:8, H.Er 7:9-10, H.Er 13:47, H.Er 26:16-18, Far 67, Far 96, Rom. 15:8-13, 1 Seenaa. 16:23-31, Mula'ata. 7:9

# Wangeela

Kutaaleen Macaafa Qulqulluu fi gaaffiiwwan kunneen namota wangeela hin beekne waliin osoo dubbiifamanii gaariidha.

Rom. 3:23 Cubbamaan eenyuudha?
Isa. 59:2 Jireenya kee keessatti cubbuun maal hojjetaa?
Ibr. 9:27 Wayita duutu maaltu sirratti ta'a jettee yaaddaa?
Efe. 2:8-9 Fayyinaaf wanti si hin gargaarree maaliidha jettee yaaddaa?
Rom. 5:8, Rom 6:23 Yesuus maal nuuf godhe jettee yaaddaa?
Yoh 1:12 Ilmaan Waaqayyoo ta'uuf maal gochuutu nurraa eegama jettee yaaddaa?
Mul. 3:20 Yesuus amma eessa jiraa? Maal hojjechaa jiraa? Atoo maal gochaa jirtaa?Atoo akka inni siin jedhutti jiraachuu ni feetaa?
Yoh 5:24 Wayita dhageessuu fi amantu maaltu ta'ee?